Tokkoon keessan osoo fincaa'aa jiruu qaama saalaa isaa harka mirgaatiin hin qabatin, harka isaa mirgaatiin qaama saalaa isaa hin haxaa’in, meeshaa dhugaatii keessattis hafuura hin baafatin

Abuu Qataadaa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan. «Tokkoon keessan osoo fincaa'aa jiruu qaama saalaa isaa harka mirgaatiin hin qabatin, harka isaa mirgaatiin qaama saalaa isaa hin haxaa’in, meeshaa dhugaatii keessattis hafuura hin baafatin».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- naamusaalee tokko tokko ibsaniiru, innis dhiirri qaama saalaa isaa harka mirgaatiin osoo fincaa'uu qabachuu fi wanni najisa ta'e qaama saalaa kan fuul duraa ta'ee ykn kan duubaa irraa harka mirgaatin deemsifamuu dhoorguu isaanitiini; Sababni isaas harki mirgaa wantoota gaggaarii ta'aniif kan qophaa’e waan ta’eef jecha. Akkuma ilmi namaa meeshaa itti dhugu keessatti hafuura baafachuu dhoorganitti.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3079

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee